

QEERROO: Jarmaya Sirnaan Caaseffame moo Sochii akka Tasaa Dhohe?

Hagayya 21, 2020, MOOSISAA AAGAA tiin



Qeerroon jarmaya gurmaawaadha, garuu Jawaar Mohaammad jalatti miti.

***Barreeffama jalqaba Ingliffaan “Ethiopia Insight” irratti Hagayya 21, 2020 maxxanfamee tureerra gara Afaan Oromootti kan hiikame.**

****Lakkoofsi barru kana keessatti tuqaman hundi akka lakkooftsa adduunyaatti (ALA) dha.**

Jechi Qeerroo jedhu kan dirree siyaasaa Oromootti as bahe jarmayaan dargaggoota/dardarran Oromoo maqaa “Qeerroo Bilisummaa Oromoo (QBO)”, gabaabaatti “Qeerroo” jedhuun Ebla 2011-tti gurmaawuun sirnaan erga hundeffamee asi dha. Akkuma uumameen, Qeerroon [marsarariitii](#) (website) isaa kan jalqaba banachuun [labsii hundeffamaa](#) (manifesto) isaas erga ifa taasisee booda finciloota walirraa hin cinne dhaabbilee barnootaa ol-aanoo keessatti qindeesse. Achirraa jalqabee fincilli barattoota Oromoo QBOtiin geggeeffamu utuu walirraa hin citiin takka ho’aa, takka qabbanaa’aa erga itti fufee booda fincilooni jajjaboo fi guutuu Oromiyaa waliin gahanii walitti fufiinsaan bara 2014 fi 2015 geggeeffaman ol-aantummaa Adda Bilisummaa Ummata Tigray (ABUT) buqqisuu danda’eera.

Kaayyoon barruu kanaa haala hundeffamaa fi sochii Queerroo ibsuu fi dhimma Queerroo irratti hubannoolee dogoggoroo bal'inaan faca'aa turan tokko-tokko sirreessuu dha. Keessattuu ta'u-malaa dogoggoraa bal'inaan faca'ee jiru kan "Queerroon sochii akka-tasaa (spontaneous), kan caasaa hin qabne dha" jdhu sirreessuu dha. Kana malees, rogeessa (activist) duraanii fi yeroo ammaa hidhamaa siyaasaa kan ta'e Jawar Mahaammad sochii Queerroo keessatti quodaa inni qabu ibsuu dha.

Ani barreessaan barruu kanaa, bara 2009 irraa eegalee Sochii Barattoota Oromoo (SBO) fi finciloota Queerroo marsariitii hedduurratti, keessattuu marsariitii [Gadaa.com](#) irratti yoo xiqaate barruu saddeet maqaa masootiin (alias name) maxxansaa tureera. Sadaasa 12, 2009 waa'ee [mormii bal'aa bara 2005](#); Sadaasa 11, 2010 waa'ee finciloota [bara 2006 fi 2010](#) giddutti geggeeffamanii; Sadaasa 19, 2011 cuunfaa tartiiba taateewan fincila barattoota Oromoo kan [Sadaasa 2010 hanga Sadaasa 2011](#) qindeesee gabaaseera. Akkasumas Sadaasa 7, 2014 cuunfaa babal'na Sochii Queerroo kan [Sadaasa 2013 hanga Sadaasa 2014](#) maxxanseera. Barruulee koo kanneen hafan [ceesistuu](#) (link) kanaan argachuu dandeessu.

Kana malees konfaransii lama irratti waa'ee Queerroo qorannoo dhiheesseera: [Konfaransii OSA kan wagga-wagga](#) (annual) kan bara 2019 irratti Lammii Beenyaa bakka koo bu'ee dhiheesee fi [Sympooziyemii Imaammata ABO](#) magaalaa Finfinneetti Fulbaana 17, 2018 geggeeffame irratti dhiheesseera.

Qorannoowwan dhiyeessuu bira dabree Sochii Queerroo tumsuu keessatillee dhuunfaadhaan hirmaataan ture. Qophii hundeffamaa Queerroof bara 2011 taasifamaa ture, moggaasa maqaa "Queerroo" jedhu dabalatee itti dhiheenyaan quban qaba. Hundeffama boodas sochii Queerroon taasisaa ture walitti fufiinsaan quba qabaachifamaan ture. Dabalataanis ibsoota maqaa dhaaba kanaatiin bahan jala bu'ee hanga har'aatti afaan Ingiliffaatti [hiikaan](#) ture.

Armaan olitti tumsan Queerroof gochaa ture kanan eereef, of dhaadhessuuf utuu hin tahiin, waa'ee Queerroo gadi fageenyaan akkan beekuu fi maddaa fi ragaalee qabatamoo qabadhee akkan barreessaa jiru dubbiftooni akka amantaa horataniif jedheeni. Kanarratti ergan kana jedhee booda, seenaa hundeffama Queerroo hanga hubannoo kootii akka armaan gadiittan dhiheessa. Xiyyeeffannoon koo dhimmootan araan olitti tuttuqe duwwaarratti akka ta'uuf jecha, barruu kana keessatti qabxilee uumamaa fi sochii Queerroo irratti rarra'an suduudaan walqabatan duwwaan xiinxala.

Barruu kana keessatti, keessaa-baafamee yoo ibsameen alatti, jechi "Queerroo" jedhu jaarmaya "Queerroo Bilisummaa Oromoo (QBO)" jechuudha. Jecha "queerroo" jedhutti yammuu dhimmi bahamu (qubeen "q" yoo xiqqa tahe) nama dhuunfaa Oromoo dardara tahe jechuu dha. Kan Jechi QBO jedhu kunis jaarmaalee fakkeessuudhaaf maqaa Queerroo jedhu fannifatanii nama burjaajessuuf bibixilaman adda baasuuf gargaara.

Madda Hundeffama Queerroo

Bu'uura jaarmaa Queerroo ibsuuful qabaa akka ta'utti, barreeffama kiyya bara 2011 keessatti Sochiin Barattoota Oromoo fooyya'uun jijiirama amalaa (qualitative change) argamsiisuudhaan, jaarmaa diddaa hawaasaa qindeessu maqaan isaa "Queerroo" jedhamutti tarkaanfachuu ibseen ture. Dhimma kanarratti kanan barreesse keessaa kan qunxuramee fudhatame akka armaan gadiiti.

"Ebla 2011, Sochiin Barattoota Oromiyaa jijiirama guddaa fide. Kun ammo sochii dargaggoota Arabaa (Arab Spring) akka ka'umsaatti fakkeenya godhachuun,

*dargaggooni Oromiyaa biyyooleessa walitti dhufuun ijaarsa diddaa hawaasaa
"Sochii Dargaggoota Biyyooleessa, Bilisummaa fi Dimookraasiif", gabaabaatti
yammuu himamu Qeerroo jedhamu qindeessan. Jechi "Qeerroo" jedhu hiikkaan isaa
dargaggeessa hin fuudhiin jechuudha."*

Barruun kun kan maxxanfame Qeerroon Bilisummaa Oromoo Ebla 2011 sirnaan hundeffamee baatii ja'aa booda. Maqaa Qeerrootiin yeroo san duratti jarmayni biraa hin turre. Maqaa Qeerroo Bilisummaa Oromoottii san duras tahe achiin boodas jaarmayni mooggafame hin jiru. Qeerroon Bilisummaa Oromoo jaarmaya sochii hawaasaa kan qabsoo diddaa farra roorroo abbaa irree TPLF'n hoogganamu kan barattooni dhaabbilee barnoota olaanoo barootaaf, addatti ammoo bara 1990'ota asitti taasisaa turan irraa kan dhalate dha.

Qorattooni, dhaabbileen mirga namoomaa kanneen akka: 'Amnesty International ([AI](#))', 'Human Right Watch ([HRW](#))', 'Oromia Support Group (OSG)' fi 'Human Right League of the Horn of Africa ([HRLHA](#))' fi kanneen biroo dhimma Sochii Barattoota Oromoo dhiibbaa mootummaan geessisuun wal qabsiisanii gabaasaa turaniiru. Hiriroti mormii walitti fufinsaan geggeeffamaa turan keessaa kanneen baayyee yaadataman hangi tokko: gubachuu bosona Baalee fi Boorana keessaa, teessoon mootummaa Oromiyaa Finfinnee irraa gara Adaamaatti godaansifamuu fi cufamuu Waldaa Maccaa fi Tuulamaa (WMT) mormuun kan bara 2002 – 2005 geggeeffamaa turani dha.

Sochiin barattootaa kun jabaatee itti fufuun, Sadaasa 9, [2005](#) Fincilli Diddaa Gabrummaa (FDG) walitti-fufaa (series) tahee dhohuun hanga jalqaba bara 2006tti osoo walirraa hin citiin itti fufe. Fincilli kunis barattoota gola Oromiyaa kanneen maqaa gurmuu garagaraa 'Gamataa Barattoota Oromoo' takkaahu 'Waldaa Barattoota Oromoo' fi klf moggaafataniin qindaawaa ture. Hundarra garuu maqaa Sochii Barttota Oromoo (SBO) jedhu tu beekamaa ture. Addi Bilisummaa Oromoo ABOn sababa mootummaa abbaa irree Itoophiyaatiin 'shororkeessaa' jedhamee farajameef, barattoota kana gurmeessuu irratti karaa ifa taheen harka keessaa qabaachaa hin turre. Tahullee namni qorannoo xiqqaa yoo taasise waan tahaa ture ilaaluun akka ABOn harka keessaa qabaachaa ture shallagachuu danda'a. Irra guddeessi dhiittaa mirga dhala namaa kan raawwachaa ture namuu "miseensa ABO ti" jedhamee yakkamuudhaan ture. Akka kana tahes gareelee mirga namoomaa falman hundaan raggaasifamaa ture. Fakkeenyaaaf, HRW gabaasa wagaa Itoophiyaarratti bara 2003tti dhiheesseen akkas jedhee ture:

*"Mootummaan naannoo [Oromiyaa] akka jedhutti ABOn dhoksaadhaan manneen barnootaa keessatti qunnamtii uumee, barattootaa fi barsiisota gurmeessuun gochaalee jeequmsaa fi seer-dhablummaa bobbal'isuu raawwachaa ture.
Gaazexessaan yeroo sanatti bakka sana ture tokko akka HRW-tti himetti ganda magaalaa Shaambuutiin ala jirtu tokko keessatti ummanni meeshaa waraanaa seeraan alaa qabatan aaranii poolisoota gandicha keessaa hoogganaa baratttootaa baqatee ganda sanatti dheessee ture hordofanii barabaaduutti turanitti dhukaasan."*

Gabaasni kunii fi kanneen biroo hedduun ABOn akka fincilaaf barattoota gurmeessuu keessatti hirmaataa ture ifoomsan.

Qeerroon sirnaan bara 2011 erga hundeffamee booda karaan jireenyii fi sochiin Qeerroo calaqqisaa fi qabamatamaan of-mul'isaa ture hedduu dha.

Isaan keessas:

- i. Marsariitii Qeerroo (website)

- ii. Raadiyoo Sagalee Qeerroo Bilisummaa Oromoo (SQ)
- iii. Hawwisoo Qeerroo Bilisummaa Oromoo
- iv. Tumsa Qeerroo Idil-addunyaa (International Qeerroo Support Group)
hanga tokko dha.

Armaan gaditti afran isaanii tokko tokkoonan gabaabsee ibsa.

Marsariiti Qeerroo (Qeerroo Website)

Qeerroon 2011tti battaluma hundeeffameen [marsariiti Qeerroo](#) banate. Marsariitiin kunis sochiilee Qeerroon taasisaa turee fi ibsoota Qeerroon baasaa ture ummata bal'aan qaqqabsiisuuf meeshaa bu'a-qabeessa tahe. Akka marsariitiwwan kanneen biroo tokko-tokkoo marsariitiin Qeerroo kun rinccaa fi kan torbanitti ykn baatiitti irratti maxxanfamu hin turre; sochiwwan Qeerroo fi gaaga'ama mootummaan abbaa irree ummatarraan ga'u gola Oromiyaa bal'oo hunda keessaa walitti qabuun guyyuu irratti gabaafamaa ture. Fakkeenyaaaf, baatii jalqabaa (Ebla 211) marsariitiin Qeerroo baname keessatti gabaasaalee [48](#) tu irratti maxxanfame. Ebla 2014 keessa maxxansaalee [109](#), Caamsaa 2014 keessa maxxansaalee [178](#) fa'itu irratti maxxanfame.

(Maxxansaaleen guutuun Ebla 2011 irraa hanga har'aa [ceesistuu kanairratti](#) argamu.)

Gabaasaaleen sochiwwanii dilli kun, kan waggoota dheeraa kanaaf guutuu Oromiyaarraa walitti qabamee yeroo yerootti maxxanfamaa ture kunniin kan mul'isan, jaarmaan Qeerroo, waan akkasumaan waraqaa irratti tottolfame osoo hin taane, ijaarsa bu'uura ijaarsa, jaarmaya jabaa, humna cimaa qabu, kan naamusaan masakamu, dhaaba dhoksaan ijaaramee lafarratti sochii geggeessuu fi qaama warraaqsaa hooggansa mataa ofii qabu ta'uu isaaf agarsiiftuu guddaa dha.

Sagalee QBO-Raadiyoo Qeerroo

Amajji 2014 raadiyoon dambalii gabaabaa [Sagalee QBO](#) hundeeffamuun odeeffannoo dhaggeeffattoota isaa Gaanfa Afrikaa keessatti tamsaasuu eegale. Raadiyoon kunis Qeerroowwanii fi ummata bal'aa carraa interneeta fayyadamuun odeeffannoo fi haala sochii Qeerroon lafarratti taasisu argachuu hin dandeenyeef bu'a-qabeessa tahee argame. Tamsaasni raadiyoo kun bara 2014 irraa jalqabee hanga yeroo dhiyootti torbanitti guyyoota sadii, walakkaa sa'atiif itti fufiinsaan tamsaasaat ture. Tamsaasni sagalee kun YuuTiyubii (YouTube) Sagalee Qeerroo Bilisummaa Oromoo fi feesbuuka irrattis bal'inaan fe'amaa ture. (Qophilee SQ dhaggeeffachuuf YuuTiyubii kana bananii "Sagalee Qeerroo Bilisummaa Oromoo" jedhanii barreessuudhaan tamsaasa achirratti fe'amaa ture argachuun ni danda'ama.)

Hawwisoo QBO (Qeerroo Artists Group)

Bu'aan guddaa raawwii QBO inni biraan Hawwisoo Qeerroo Bilisummaa Oromoo kan jedhamu garee artistoota Oromoo hundeessuu dha. Gareen artistoota warraaqsaa kun raadiyoo Sagalee QBO waliin yeruma wal fakkaataatti hudaaye. Sirboonni warraaqsaa garee Hawwisoo Kanaan ba'an YuuTiyubii, marsariiti, raadiyoo fi feesbuuka QBO irratti faca'uun Qeerroo Oromoo biyyoota addunyaa mara irraa onnachiisee qabsoof kakaasuu keessatti gumaacha guddaa taasisseera. Barreeffamoota koo marsariitiilee irratti maxxanfamaa turan keessaa tokkoratti Mudde 4, 2014 sirboota warraaqsaa miseensonni Hawwisoo QBO sirban [baayyinni isaanii 19](#) ta'an ergan tarrisee booda: "QBO jaarmaya of sirnaan qindaawaa, kan gochaadhaan lafarraa jiru tahuu hojji gartuun hawwisoo kun hojjetaa jiru ragaa qabatamaa fi jiraataa dha" jedheen barreesseen ture. Sirboota kanneen keessaa:

1. 'Qeerroon Diina Mancaase' – Hagayya 31, 2014 kan ba'e.



2. ‘Gootni Baroode’ – Fulbaana 4, 2014 kan ba’e.



3. ‘[Baranoo Goonni Waama](#)’ – Caamsaa 3, 2014 kan ba’e.

Tumsa Qeerroo Idil Addunyaa (International Qeerroo Support Group)

Qeerroon dhoksaadhaan (underground) ijaaramuun isaa ummanni Oromoo biyyoota hambaa jiraatan akka maallaqaan hin tumsineef rakkoo uume. Akkuma sochiin Qeerroo Oromiyaa maratti babal'ateen waantota hedduudhaaf maallaqni akka malee barbaachisee ture: fakkeenyaaaf meeshaalee barreeffamaa, wallee warraaqsa baasuuf meeshaalee muuziqaa, tamsaasa raadiyootiif saatelaayitii, bilbilota harkaa, kompiyutteroota, sochiiwwan raawwatamaniif kaameraawwan waraabbii, kanneen warraaqsarratti miidhamaniif baasiwwan yaala fayya, baasiwwan geejjibaa, kanneen mootummaa abbaa irreetain ajjeefamaniif baasiwwan sirna awaalchaa fi kanneen fakkaataniif maallaqni hedduu barbaachisa ture.

Rakkoo maallaqaa kana furuuf miseensonni Qeerroo biyya Ameerikaa (USA) fi biyyoota addunyaa guutuu keessaa walitti dhufuun dhaabbata bu'aa-maleessa (non-profit) tahe 'International Qeerroo Support Group' jedhu sirnaan dhaaban. Dhaabbanni kun fakkeenyaaaf bara 2016 qofatti [doolaara \\$188,814](#) Oromoota biyyoota hambaa jiraatanirraa walitti qabuun baasiwwan armaan olitti eeramaniif tumsi akka godhamu taasiseera. Hoogganni Qeerroo ifatti beekamuu baatullee, hoogganni Garee Tumsa Qeerroo Idil Addunyaa kun qabatamaatti beekamoo kan ta'an yammuu ta'u, hoogganoota Qeerroo lafarra jiran waliin wal qunnamaa turan. Gareen tumsaa kun sochii Qeerroo milkeessuurratti bu'aa guddaa gumaacheera.

Ta'u-malaa "akka Tasaa" (Spontaneous) Jedhu

Ta'u-malaa dogoggora bal'inaan facaafamaa turanii fi beektotni qorannoo sirnaa geggeessan utuu hin hafiin akka dugaatti fudhatan keessaa tokko ta'u-malaa (claim) sochiin Qeerroo kan sirnaan caaseffame utuu hin tahini sochii "akka tasaa" (spontaneous) uumame jedhu dha. Fakkeenyaaaf, Dr Terje Ostebo xiinxala qorannoo isaa kan *Gahee Qeerroon Egeree Siyaasa Oromoo Keessatti Qabu* ([The Role of the Qeerroo in the Future Oromo Politics](#)) jedhuun b arruulee 'Addis Standard' jedhamu irratti Caamsaa 26, 2020 dhiyeesse keessatti: "Qeerroon qaama sochii hawaasaa kan caasaa sirlawaa hin qabne, kan akkuma tasaa ka'e dha" jechuun ta'u-malaa dheedhii (wild claim) ragaa hin qabne lafa kaayee ture. Dr. Terje Ostebo ta'u-malaa kanaaf jette-jettee namootni muraasni "natti himan" jedhurra darbee ragaa dhiheesee tokkollee hin qabu. Ragaalee qabatamoo tokko tokko erga lafa kaayee booda "qulqulleeffachuun rakkisaa dha" sababa jedhuun gatii dhabsiise. Barreessaan kun bara 2014 Qeerroon akkamitti gara mormii maastar pilaanii Finfinneetiin akka beekamtii argatee eeuudhaan "meeshaa jijiiramaa tahuun Muummicha Ministeeraa Abiyyi Ahimadiin gara aangoo fide" jedhee ibsuutiin eegala. Itti fufuunis "waa'een qeerroo kanneen hin beekamiin waan baayyee tu jira" jedha. Dhugaatti waa'ee keessoo jaarmaa dhoksaan ijaaramee fi galmeerra seeraan hin jirree tokko beekuun ulfaataa dha. Haa ta'u malee, utuu ta'u-malaa dogoggorsaa akkasii akka ummanni dubbisu hin taasisiin dura, hoogganoota Qeerroo dabalatee Oromoota dhibbootaan lakkaa'aman gaafatanii qulqulleeffachuun salphaa ture. Dhuguma, sababa sodaa nageenya hubatamaa ta'een, caasaaleen Qeerroo keessattuu nama alagaatiif ammayyu "kan hin beekamne" dha. Yammuu kun isa mudatus qorataan tokko bakka ragaalee gahaa fi amansiisoo hin argatiiniti ta'u-malaa akkanatti dogoggoraa ta'an, kanneen dugaa jiru jallisan gabaasuu irraa of quachuu tu mala ture.

Ta'u-malaa (claim) "Qeerroon akkuma tasaa ka'e" jedhu fudhatama dhabsiisuuf, fincila dhuma Eblaa fi jalqaba Caamsaa 2014 keessa geeggeeffame laaluun barabaachisaa taha. Fincilooni Qeerroo gurgoddoon dhiigni itti lolaafame kan Ebla 30 fi Caamsaa 1, 2020 magaalota Oromiyaa hedduu: (Amboo, Naqamtee, Haromaayaa, Jimmaa, Ciroo fi kanneen biroo) keessatti geggeeffaman turan. Finciloota kunnini fi sochii Qeerroo gidduu walitti dhufeenyi jabaan

jiraachuu agarsiisuuf, guyyootaa fi torbanoota Ebla 30 dura waan Qeerroon marsariitii isaarratti gabaasa baase xiinxaluun gahaadha. Gabaasni sun Afaan Oromootiin marsariitii Qeerroo sanirratti hardhallee ni argama. Kanaafuu waan dubbistoota kiyyatti gaaffii tahu qulqulleessuuf ceesistuu (link) barbaachisoo hunda as keessa galcheen jira.

[Bitootessa 13](#) fi [Bitootessa 20](#), 2014, barattooni Mana Barumsa Sadarkaa 2ffaa fi Qophaa'inaa Shaakkisoo (Gujii Bahaa) marsaa lamaan hiriira mormii geggeessuu marsariitii Qeerroo irratti gabaasni maxxanfameera. Guyyuma kana, [Bitootessa 20](#) barattooni Yuuniversitii Jimmaa mooraa keessatti hiriira nagayaq geggeessuu isaanii marsariitii Qeerroorratti gabaasni ba'eera. [Bitootessa 22, 2014](#), barattooni Oromoo godina Shawaa Kibba Lixaa, Mana Barumsa Haruu Cululleetti hiriira mormii geggeessuu marsariitiin Qeerroo kun gabaaseera. Fakkeenyonni xiqqoon kenneen walitti dhufeena sochii fincila fi jarmiya Qeerroo agarsiisani dha. Asi irratti kan hubatamuu qabu, yeroo kana keessatti marsariitii fi raadiyoo Qeerroo kan torbanitti guyyaa sadif dambalii gabaabaan biyyatti tamasaasamaa tureen alatti jaarmaanis ta'e dhuunfaan qaamni gabaasa qindaa'aa waa'ee sochii Qeerroo gabaasu tokkollee hin turre.

Gabaasotni armaan olitti dhiyaatan ragaa hanga-xiqqaa (circumstantial evidence) fincilli 2014 waan akka-tasaa hin tahiin kan ifoomsani dha. Ragaan armaan gaditti dhiheessuuf deemu, kan ammaliee marsariitii Qeerroo irratti argamuu fi gabaasonni walitti fufinsaan marsariitii Qeerroo irratti maxxanfama turan (ceesistuuun (link) isaa asii gaditti dhiyaate) walitti dabalamani, fincilli Ebla/Caamsaa 2014 geggeeffame sagantaadhaan karoorfamee qindaawee jaarmaya Qeerroo Bilisummaa Oromootiin geggeeffamuu isaa shakkii malee raggaasisu.

Ebla 2, 2014, finciloonni gurguddoon dhiigni baay'een itti lola'e sunniin torbee sadii dursee, Koreen Gidduu QBO [ibsa](#) baase. Ibsa kana keessatti "dargaggooni fi ummanni Oromoo fincila diddaa gabrummaa, addatti ammoo maaster pilaanii Finfinnee akka mormaniif" waamicha fincila dabarsuun marsariitii QBO irratti labse. Waamichi KG Qeerroo kun finciloota boodarra babbal'achuun guutummaa Oromiyaa walgahaniif ittiin ka'umsa tahe. Egaa asirratti waanti hubatamuu qabu yeroo sanitii jaarmayni ykn qaamni waamicha akkanaa godhe kan biraan tokkollee hin turre. Ibsa Qeerroo sana keessaa hangi tokko qunxuramee fudhatame kunoo ti:

"Mootummaan gabroomfataa abbaa irree wayyaanee (TPLF) magaalaa Finfinnee gara lafa baadiyyaa fi magaalota Oromiyaa naannawa isheetti argamanitti babal'isuudhaan qotebultoota lafa isaaniirraa buqqisee, magaalota Oromiyaa kanneen akka: Buraayyuu, Sabbataa, Laga Xaafuu, Hoolotaa, Aqaaqii, Dukam, Bushoofuu, Laga Daadhii, Qaallittii, Galaan fi magaalota Oromoo hedduu bulchiinsa federaalaajala galchee qabeenya uumamaa saamuuf miidiyaadhaan labsatee waan jiruuf, karoora maastar pilaanii ummata keenya lafarraa duguuguuf ba'e kana fincillee fashalsuu qabna. Karoora pirojektti kana hambisuun, ummanni keenya qabeenya uumamaa isaa sirnaan eeggatee, qoteboltoonni keenya naannawa Finfinnees lafa akaakilee isaaniirraa akka hin buqqaane, ummanni Oromoo haalduree tokko malee Oromummaa isaa qofaan akka lafa isaarra jiraatu gochuuf, Fincilli Diddaa Gabrummaa (FDG) dhoosuun haa falmanuu."

(Guutuu ibsa kanaa ceesistuu (link) [kana tuqii ilaali](#).)

Waamicha QBOTTI aansuun fincilli Qeerroo Oromiyaa mara keessatti geggeeffame. Finciloota tahanis marsariitiin Qerroos sagalee fi viidiyoodhaan deeggaree kan gabaase ceesistuuun (link) isaa faana armaan gaditti dhiyaateera. Akka kanaan [Ebla 11, 2014](#) Yuuniversitii Jimmaatti [[viidiyoo](#)], [Ebla 16](#) Yuuniversitii Saayinsii fi Tekinoolojii Adaamaatti, [Ebla 20](#) Yuuniversitii

Mattuutti, [Ebla 25](#) Yuunivarsiitii Ambootti [[waraabbi Sagalee](#)] fi Yuunivarsiitii Haromaaya keessatti [[waraabbi sagalee](#)], [Ebla 26 fi 27](#) Yuunivarsiitii Wallaggaatti [[waraabbi sagalee](#)] finciloonni geggeeffaman keessatti argamu. [Ebla 28](#) fincilli kun gara Yuunivarsiitotaa, koollejjiiwwan fi manneen barnootaa sadarkaa 2ffaatti: Yuunivarsiitii Adaamaa, Yuunivarsiitii Mattuu [[waraabbi sagalee](#)], Yuunivarsiitii Bulee Hora, Mana Barumsaa Sadarkaa 2ffaa fi Qophaa’inaa Geedoo (Shawaa Lixaa), fi bakkoota birootti babal’achuus marsariitiin Queerroo gabaaseera. Guyyaa itti aanu [Ebla 29](#), guutuu Oromiyaa: Yuunivarsiitii Amboo, Yuunivarsiitii Adaamaa [[viidiyoo](#)], Yuunivarsiitii Mattuu, magaalaalee akka Naqamtee, Shaambuu, Dambi Doolloo, Gudar fi bakkoota biroo hedduutti babal’ate. [Ebla 30](#) fincilli lafa sochoosee fi dhiiga ilmaan Oromoo lolaasise Oromiyaa maratti babal’ate. Keessattuu magaalaa Ambootti queerroon [kurnoota hedduun](#) humna agaaziitiin ajjeefaman [[waraabbi sagalaee](#)]. [Caamsaa 1](#) fi [Caamsaa 2](#) mormiin guutuu Oromiyaa waliin ga’ee itti fufee oole [Mandii [[viidiyoo](#)] fi Ayiraa ([sagalee](#)) lamaanuu Wallagga Lixaa]. Finciloonni asi irratti gabaafaman kunneen fakkeenya muraasa dha. Ragaaleen viidiyoo fi sagalee itti fufiinsaan gabaafamaa turan kunneenii fi kannneen biroon hedduun ammallee marsariitii Queerroo irra ni jiru.

Erga sochiin bara 2014 taasifamaa ture qabbanaa’ee booda, Adoolessa 7, 2014, Queerroon galmeed namoota fincila irratti ajjeefamanii 61 fi kanneen hidhaman 903 funaanee marsariitiis isaa irratti [gabaaseera](#). As irratti waanti nama ajaayibsiisu, galmeewwan kunneen guutuu Oromiyaa irraa kan walitti qabaman tahuu fi galmeen kun tokkoo tokkoo namoota kanaaf ibsoota kanneen akka saala, umrii, teessoo, sadarkaa barnootaa isaanii hunda kan qabu ta’uu dha. Kanarratti kan gaaffii namatti ta’u, gareen Queerroo kun “akkamitti daataa kunneen hunda guutuu Oromiyaa irraa, sanuu haala tohannoos sirna abbaa irree sochii kamuu nama dhowwu keessatti walitti qabuu dandahan?” kan jedhu dha. Kana qofaa miti. Maaliif daataa funaaname kun baay’een isaa sirrii ta’ee argame? Maaliif daataaleen kunneen ammoo marsariitii/raadiyoo Queerroo fi kanneen isaan faana hidhata qabanii fi ABO faana hidhata qaban kanneen akka [SBO](#), [RSO](#), fi [Simbirtuu](#) duwwaa irratti argame? Deebiin gaaffii kanaa ifaa dha. Queerroon daataalee kunneen sassaabuu kan danda’eef finclichayyu kan qindeesse QBO waan ta’ee fi caasaa isaas Oromiyaa guutuu keessatti diriirfatee lafarraa waan qabuufi dha.

Ragaaleenii fi xiinxalli armaan olitti kaayaman, ta’u-malaa Queerroon sochii akka-tasaa ti (spontaneous) jedhu sana kan gatii dhabsiisan duwwaa utuu hin taane, sochiin bara 2014 keessa ta’e sana kan qindeessee fi sirnaan geggeesse Queerroo Bilisummaa Oromoo ta’uu mamii tokko malee kan mirkaneessani dha. Asi irratti dhugaan tuqamuu malu tokko, Jawaar Mohaammad, waltajjii [af-gaaffii](#) (interview) miidiyaalee adda addaa irratti geggeessaa tureen “queerroolee bifaa adda addaatiin ijaaramanii jiran tu sochii kana geggeessaa jira” jechuudhaan mirkaneessee ofii isaaq hooggansa keessaa akka qooda tokkollee hin qabne ifoomsee ture (qabxii kanatti gara boodaan itti deebi’aa).



*KA'I QEERROO! (wallee Hawwisoo Waraana Bilisummaa Oromoo, Eeritiiriyaatti sirbame),
Yuutiyuubii irraa.*

Tartiiba finciloota ciccimoo dhiigni guddaan itti jigge kan Ebla 30 fi Caamsaa 1, 2014 bira dabdree, finciloonni tahan sirnaan qindaa'oo ta'uun taateewan argisiisan hedduun ni jiru. Fakeenyaaf finciloonni kunniin guyyaa tokkotti, yeroo wal fakkaataatti Oromiyaa bakka hedduutti dhohuun isaa bakka tokkoo fi qaama giddu-galaa tokkoon karooraan kan taasifame ta'uun raggaasia. Kana malees dhaadannoowwaan bakka garaagaraattti taasifaman wal fakkaatoo ta'uunis qaamni tokkichi akka bifa waalta'aa ta'een qindeesse ta'uuf ragaa kan biraadha. Akkas taanaan, qaamni sochii kana bifa waalta'aa ta'een qindeesse jira jennee yoo amanne, "qaamni gurmaa'e" kun eenyu ta'uun danda'a ree? Ragaaleen jiranii fi asii olittis argisiifne hundinuu garuma QBOtti quba qabu. Qaamni biraan kan walitti fufinsaan ji'ootaa fi waggoota hedduuf waa'ee finciloota kuneenii gabaasa ture tokkollee hin turre. Kanaafuu, fincila barattoota Oromoo walitti fufinsaan Eblaa fi Caamsaa 2014 keessa geggeeffamaa ture kan qindeessee fi hoogganaa ture Qeerroo Bilisummaa Oromooti.

Osoon qabiyyee kutaa barruu kana keessaan hin bahiin, fincilli bara 2015tti geggeeffames QBO tiin qindaawuu fi hoogganamuu kan mul'isu ragaa qabatamaa tokko dhihhessuun barbaada. Akkuma hundi keenyayyuu beeknu, fincilli sun Sadaasa 12, 2015 Giinci, magaalaa xiqqoo Shawaa Lixaa, kan Finfinneerra gara km 40 fagaattu, keessatti dhohuun qaanqeen isaa Oromiyaa mara akka ibidda saafaa waliin gahe. Gaafa Sadaasa 4, 2014, utuu fincilli Gincii sun hin dhohiin guyyaa saddeet dursee, Koreen Giddu Galeessaa QBO, marsariitii isaarratti "ibiddi

warraaqsaan qabatee Oromiyaa guutuu waliin ga'uuf jira” jechuun ibsa baase. Mata-dureen ibsichaan akka armaan gadii kana.

“Waggaa 1offaa FDG Sababeeffachuu Abidda Warraaqsaan Guutuu Oromiyaatti Qabatuuf Deemu Ilaalchisee Ibsa Gabaabaa Queerroo Bilisummaa Oromoo Irraa Kennname”

(Ibsa QBO san guutummaa isaa Afaan Oromootiin bakka kana xuqaa dubbisaa)

Akkamitti “ibiddi warraaqsaan” guutuu Oromiyaatti akka qabatuuf deemu dursanii beekuu danda'an? Deebiin isaa tokkoof tokko. Innis, dursanii waan itti qophaaawaa turaniifi dha. Dhugaan jiru, akkan odeeaffannoo yeroo sana qabaachaa turetti, baati sadii oliif dursanii itti qophaaawaa fi qindeessaa turan. Ibsa kana keessatti waan nama amansiisan lama tu gadi-jabeeffamee labsame.

1. Qaanqeen warraaqsaan qabsiifamuuf akka deemuu fi
2. Ibiddi warraaqsaan sun guutuu Oromiyaa akka wal gahuuf deemu dha.

Torbee tokko booda, Sadaasa 12, qabxiileen kaayaman kunneen lameenuu ta'anii argaman. Qorannoo yakkaa keessatti, shakkamaan tokko, yakka itti himatame sana akka raawwachuuuf deemu afaan isaatiin dursee himuu isaa ragaan ibsu yoo argame, ragaan kun yakka dalagameef ragaa fudhatama qabu ta'ee mana murtiif dhihaata. Ragaan amma of harkaa qabnus waa'ee ragaa shakkamaa kana wajjiin wal fakkaata. Queerroon ‘ibiddi warraaqsaan’ akka Oromiyaa wal gahu dursee labse. Torban tokko booda ta'ee argame. Ragaan qabatamaan kunis fincilli bara 2015 QBO tiin kan qindaawee fi hoogganamaa ture tahuu mamii tokko malee muldhisa.

Hooggansa Queerroo

Dhimmi hooggansa Queerroo seenaa Oromoo as dhiyoo keessatti ifatti osoo ibsamiin hafee jette-jettee fi hameedhaan jiru ta'ee mul'ata. Kunis waan hibboo namatti ta'e dha. Sochiin Queerroo kan ka'ee jabaatee mootummaa abbaa irree hudhee qabe reefuu waggaa kurna tokkoyyuu hin guutiin jira. Hoogganooni Queerroo hedduunis achuma biyya keessa jiru; yoo barbaadaman bilbilaanillee argamuu danda'u. Asi irratti kaayyoon kiyya, akka nama duraa-duuba waa'ee Queerroo itti dhihenyaan beekuu tokkootti seenaa beekamaa Queerroo kana ifa taasisuu fi dogoggora jiru sirreessuu dha.

Ta'u-malaa dhugaarrraa fagaatanii, gadi-bu'oo ta'aniif fi seenaa irratti gaafachiisan ani dubbise keessaa tokko kan Dr. Osteboon ragaa malee akkas jedhee barreesse dha.

“Waan ifa-galeessa fakkaatu, caasaan dagalee (horizontal structure) Queerroo guutuu Oromiyaa keessa ture murtaawaa dha. Caasaan ijoon garuu, caasaa gadee (vertical structure) kan Jawaar Mohaammadiin giddu-galeessa godhatee fi ammallee itti jiru dha.”

Nama tokkicharraa odeeaffannoontu fudhatamee, gaheen hooggansa waliigalaa caasaa jabaa tokko nama tokkichaaf kennname. Itti fufelallee akkas jedhe: “waan hundi karaa Jawaar qofa tahe, kan ajaja kennaa ture isa.” Akka kanatti odeeaffannoo nama tokko qofaarrraa fudhatanii qorannoo geggeessuun dogoggora guddaa dha.

Akkuma asii olitti ibsame, Jawaar afaan isaatiin “anatu Queerroo hundeesse” ykn “ani hoogganaa Queerroo ti” jedhee hin beeku. Garuu hoogganaa Queerroo akka isa fakkeessutti tapha-siyaasaa

taphataa ture. Dr. Ostebon yaada qorannoodhaan irra ga'e jedhee barreesse sana sirriitti qulqulleeffachuuf Jawar waliin gadi-taa'ee af-gaaffii (interview) gochuu dandaha ture.

Kanatti aansee, waa'ee Qeerroo irratti namoonni hedduun daandii dogogguraa qabatanii akka turan ibsuuf akkasumas dhimmi hooggansa Qeerroo kun qorannoo gadi-fagoo kan barbaadu waan ta'eef, toora taateewan uumamaa fi sochilee Qeerroo muli'san tartiibaanan dhiheessa.

Jawaar Mohaammad, beekamaa ta'ee kan waltajji siyaasaatti ol yaabbate bara 2009 barruu qorannoo isaa kan falamsiisaa tahe "[The Failed Journey of OLF](#)" (Imala ABO Kufe) jedhu yommuu dhiheesse irraa eegalee ti. Jawar qorannoo isaa kana keessatti "ABOn akka suphamuu hin dandeenyetti hunkutaa'eera" (damaged beyond repair) jedhee labse. Barruun Jawar kun firootaa fi deggertoota ABO yammuu mufachiisu, diinota ABO fi qabsoo bilisummaa Oromoo gammachiisee burraaqsise. Gammachuu isaanii kanaanis ji'oota itti aananii dhufaniif Jawar miidiyaalee Habashaa kanneen akka sagantaalee oduu (talk shows), raadiyoolee fi yeroo sanatti akka malee ho'aa kan turan manneen Paltalk keessatti afeeramee keessoo ABO saaxiluu babal'isee itti fufe. Akka kanaanis Habashoota "tokkummaa Itoophiyaa" lellisan biratti akka malee jaalatamee fi jajamee goota jedhamee faarfame. Akkuma kanas waggoota itti aanan muraasaaf Oromoota biratti akka yakkamaa saba isaa ganeetti ilaalamaa ture.

Akka kanaan waggaafur erga turee booda bara 2013 miidiyaa Al Jaziira sagantaa "[The Stream](#)" jedhurraatti dhihaatee akka tasaa "ati jalqaba Itoophiyaa moo Oromoo dha?" jedhamee yammuu gaafatamu, tarii utuu hin yaadiin ta'uu ni mala, "ani jalqaba Oromoo dha" jedhee deebise. Maal jechusaa akka ta'e akka caalaatti ibsuuf yommuu gaafatamus "Itoophiyaan humnaan narratti fe'ame" jedhee deebise. Deebiin Jawar kun ganda Habashootaatti akka kirkira-lafaa (volcano) lafa sochoose. Akka malee rifatanii iyyanii lafa sochoosan. Sana booda waggoota afran darban "goota" jedhanii faarsaa waan turaniif taappeellaa "gantuu" darbeeyyu "[shororkeessaa](#)" jedhu itti maxxansan. Taappeelaan kunis qaamota [diina-siyaasaa](#) isa godhatan biratti hanga har'aatti akka itti maxxanetti itti fufeera.



Ajeechaa jumlaa Liyyuu poolisi Somaaleetiin Harargeetti geggeeffameen wal qabatee ajjeechaa suukanneessaa Mudde 9, 2017 Harargee Bahaa, Calanqootti raawwatameef Qeerroon Bilisummaa Oromoo magaalaa Naqamteetti akka ummanni bal'inaan ba'ee gadda isaa ibsatuuf sochii qindeesse. (Qalbeessaa Dhangi'aa tiin, Mudde 15, 2017).

Haa tahu malee, Jawaariif hundi jalaa hin dhangalaane. Oromooni waggootaaf dabran itti mufatanii turan abaarsa Habashootaa kanarraa isa baraaruuf irra-goranii baabsan. Falammiin af-gaaffii kanaan walqabatee ka'e baatilee hedduuf itti fufe. Ammas akkuma duraanii iji namoota hundaa Jawarirra bu'ee ajandaan walfalmisiisaan kun ji'ota hedduuf itti fufe. Habashoontaa duratti faarsaa turan garagalaniitaa waan maqaasaa xureessu hunda yammu itti darbatan Oromooni ammoo "goota" jedhanii faarsan. Oromoota hedduu biratti, Jawaar akka ilma achi buuteen dhabamee turee, akka tasaa ammoo manatti galee argameetti fudhatame. Beekamtii fi dhageettiin isaas Oromoo fi warra alagaa birattis bifa wal faallaa ta'een baayyee ol ka'e. ABO xiqqeessuurratti miidhaan inni geessisee ture marti Oromoota hedduu biratti ni irraanfatame, ni dhiifameef.

Jawar, dhageettii fi beekamtii cimaa horate kana akka carraatti fayyadamuun, maqaa "maree Oromummaa dursuu" ykn "[Oromo First Community Engagement](#)" jedhuun magaalota biyyoota addunyaa kan Oromoontaa baayyinaan keessa jiraatu maratti Oromoo walitti qabee mariisisuu eegale. Duulli marii hawaasa Oromoo 'Oromo First' kun jabaatee saffisaan fuulduratti deemuun, tamsaasa saatelaayitii TV 'Oromia Media Network' (OMN) dhaabuuf bu'uura tahe. Hundeffamni TV OMN kunis yeroo sanatti Oromoota hedduu gammachiise. Beekamtii ol aanaan Jawar horate kunis ummata heddumminaan walitti qabuu fi maallaqa miidiyaan kanaaf ta'u sassaabuu irratti gargaare. Miidiyaan kun banamee baatii muraasa booda Jawar daarektaraa fi nama murteessaa ta'ee asi ba'e. Jawaar fi OMN akka fuula lameen saantima tokkoo tahan.

#FincilaOromoo (#OromoProtest)

Hundeffamni OMN kunii fi jalqabni finciloota baatilee Ebla fi Caamsaa bara 2014 Oromiyaa waliin gahan walirra bu'e. Yeroo sanatti oduuleen ammee tokko tokko bifa cicciaa taheen OMN irratti kan darbaa turan yammuu ta'u babal'inni oduulee finciloota kunneenii jechuun maqaaleen namoota miidhamanii fi hidhamanii, suuraalee fi viidiyooleen fincilootaa marsariitiitii [Qeerroo \(\[www.qeerroo.org\]\(http://www.qeerroo.org\)\)](http://www.qeerroo.org) irratti duwwaa argama ture. Jawarii fi miidiyaan OMN isa jalatti hoogganamu hoogganoota Qeerroo lafarratti finciloota sana geggeessan faana wal quunnamuu hin dandeenye ture. Qeerroof suduudaan qajeelfama kan kennu ABO ture. Jawaar ammo hariiroon inni miseensotaa fi hoogganoota ABO waliin qabaachaa ture boora'aa ture.

Hoogganni Qeerroo duraanii kan maqaa isaa akka hin beekamne barbaade tokko akka jedhutti, Jawaar jaarmaa Qeerroo hooggansa ofii jala galfachuuf yaalii godhee ture. Hoogganoota Qeerroo Bilisummaa Oromoo tokko tokko dhuunfaatti quunnamuu "ABO jalaa bahaatii na waliin hojjedhaa" jedhee "maallaqaa fi gargaarsa adda addaa caalaatti akka kennuuf" waadaa galaafii ture. Hoogganni QBO gaaffii Jawar fudhatama dhabsiisanii odeeffannoo fi quunnamii miseensota Qeerroo jajjaboo kanneen lafarratti hojiitti jiranii kennuufii dhaaban. Jawaaris kanatti mufachuudhaan yeroo haalaan murteessituu turtur sanitti, miidiyaan OMN irratti Qeerroof tajaajila kennu dide. Maqaa Qeerroo dhawus nil agate. Waggoota afran itti aananiif, hanga dhuma bara 2017tti, afaan Jawaar keessaa jechi "Qeerroo" jedhu tasa bahee hin beeku ture. OMN irratti maqaan Qeerroo hin dhawamu ture (dhimma kanarratti gara boodaa dabalatan qaba).

Sochiin bara 2014 sun baatilee lamaaf erga itti fufee booda, hanga ficiili irra-caalaa guddaan bali'naan #FincilaOromoo (#OromoProtest) jedhamu guutuu Oromiyaa waliin ga'ee ture sun Sadaasa 12, 2015 eegalutti qabbanaa'e ture. Yeroo ficiilli guddaan kun Qeerroodhaan dho'utti "miidiyaan tokkitti Oromoontaa qabdu kanatti, utuu nageenyi miseensota Qeerroo biyya keessaa hin gaaga'amiin attamitti fayyadamuun dandeenya" falammiin jedhu hoogganootaa ijoo ABO fi QBO

gidduutti dhalate. Maqaa fi bilbila qeeroolee dhoksaan socho'anii fuudhanii nama hin amanamnetti kennuun mootummaa durumaanuu isaan adamsutti saaxiluu ta'uu mala.

Rakkoon jiru kan Jawaar qofa hin turre. Hoogganootiin ABO fi QBO gaazexeessitoota OMN kanneen Jawaarii filatamanii achi seenan tokko tokko hin amanan ture. Filannoo rakkisa keessa seenan. Ykn odeeffannoowwan barbaachisoo tahan OMN fi Jawaarii dhorkachuudhaan oduun finciloataa kana ilaalan akka bal'inaan hin tamsaane godchuu ykn ammoo rakkoo xixiqqoo fi garaagarummaa Jawarii fi OMN waliin qabaachaa turan maddiitti dhiisanii odeeffannoo jiru kennanii fincila sanaaf haala mijawaa uumuu kan jedhu keessaa tokko filachuu tu irra ture. Filannoo sirrii ta'u qabu waan tureef isa lammataa filatan. Yeroo sanaa qabee caasaalee fi miseensonni Queerroo guutuu Oromiyaa keessa jiran hundinuu odeeffannoowwan wayitawoo, suuraalee, viidiyolee warraaqsa fi kkf kallattiin Jawaariif akka dabarsan qajeelfamni hooggansa irraa kennname. Jawaaris guyyaatti sa'a 24 torbanitti guyyaa 7 Feesbuuka irra taa'ee, hedduun oduulee kunneenii utuu OMN irrattillee hin labsamiin, daqiqa daqiqaatti maxxansuutti gadi-taa'e. Odeeffannoowwan sochii Queerroo ilaallatan hundi karaa Jawaar qofa ba'u turan. Kana malees, Jawaaris OMN irratti ba'uun sochii warraaqsa kana irratti xiinxala gochuu jabeessee itti fufe. Yammuu xiinxala kennus yeroo baay'ee akka ajajaa olaanaa warraaqsa kana geggeessuu tokkotti of dhiheessaa ture. Hooggana Queerroo caasaadhaan ijaaramee lafarra jiru tokkollee osoo hin beekiin akka nama hundaaf ajaja kennuutti of dhiheessee dubbataa ture. Daangaa tokko malee OMN irratti dhihaatee waan fedhe jechuu waan danda'uuf, carraa kanatti fayyadamuun waan Queerroon sochii itti aanutti gochuuf deemu kan miseensonni tokko tokko icciitiidhaan erganiif, akkasuma miira waloo ummataatti dhimma ba'uun tarkaanfii warraaqsa itti aaanu himaa ture. Yeroo baay'ee "qajeelfama/gorsa tarsiimoo" maqaa jedhuun akkuma fedhetti waanuma fedhe dubbachaa ture. Booda keessa, hangam beekamtiin isaa ol ka'ee dhageettii guddaa akka horate yammuu baru waan Queerroon lafarratti fincila geggeessan irra tarkaanfatee suduudaan qajeelfama kan mataasaa Feesbooka fi Twittera isaarratti dabarsuutti ka'e. OMN irrattis yeroo barbaadetti ol ba'ee qajeelfamoota dabarsuudhaan sochii Queerroo kana kan hoogganu of fakkeessee of mul'iisaa ture. Yeroo tokko tokkos qajeelfamni hooggansa Queerroo lafarra jiraniin kennamu kan Jawaarii kennamu waliin wal-adda ture. Haa ta'u malee Queerroon miidiyya hangana waan hin qabneef ummata biyya keessaa fi biyyoota alaa biratti kan caalaatti dhaghamu qajeelfama Jawaar ture.

Feesbuukni isaa hordoftoota miiliyoona olitti guddate. Hordoftoonni kunneen hedduun Jawaarii akka "gootaa"tti dhaadhessan. Yeroo gabaabaa keessattis Jawaar fuula (calaqqee) warraaqsa #FincilaOromoo (#OromoProtest) tahee mul'ate. Ija namoota keessummaa ta'anii fi ala dhaabbatanii laalan hedduu birattis Jawaar nama qophaa warraqsicha hoogganu fakkaatee argam. Egaa haala kanarraa ka'anii ta'u mala kan namoonni odeeffannoo kennan jedhaman sunniin "Jawaar wiirtuu hooggansa warraqsichaa ti; ajaja hunda kan kennu isa", akkasumas, "waanti hundinuu karaa isaatiin dhufa" kan jechuu dandahan. Dhuguma innis yeroo hedduu "ajaja kennaa" ture. Haa ta'u malee ajajni inni kennaa ture miidiyya irrattii fi namoota tokko tokkee bakka bakka beekuufaatti malee sirna caasaa jaarmaa hordofee hin turre. Haqni jirus, miidiyaarratti deddeebi'ee dhihaachuudhaan akka waanti hundi karaa isaatiin raawwatamuutti waan of agarsiiseef dargaggeeyyiin Oromoo hedduun Jawar hooggansa Queerroo isa dhugaa tahuu akka amanan taasiseera. Kanarraa ka'uun hubannoont dogoggoraa Jawaar hoogganaa duwwaa utuu hin tahini hundeessaa Queerroollee akka tahetti fakkeessu babal'atee akka waan madda qabatamaa tokkotti hanga '[Wikipedia](#)' irratti barreeffamutti gahe.

"Hoogganaa" Queerroo?

Taateewan fi gochaaleen duraa-duubaan armaan olitti dhiyaatan, Jawaar akkamitti namoota keessa hinbeeknee fi ummata bal'aa biratti akka kophasaa 'hoogganaa Queerroo' tahee ol ba'ee muldhate addeessa. Haa tahu malee inni garee hooggansa Queerroo keessa hin jiru ture.

Jiraachuu hin danda'u ture - sababa ifaa ta'eef. Hunda dura garuu kan hubatamuu qabu, jaarmaan Queerroo tokkuma. Innis jaarmaa sirnaan bara 2011 hundeffame Queerroo Bilisummaa Oromoo ti. Egaa akkuma armaan olitti ibsamee darbe, Jawaar hanga dhuma bara 2017tti takkaa maqaa Queerroo jedhu afaan isaa keessaa ba'ee hin beeku. Jecha "Queerroo" jedhu lagachaa ture. Yeroo jalqabaaf maqaa Queerroo jedhu kan inni miidiyaarratti dubbate [af-gaaffii](#) (interview) OMN irratti Hagayya 23, 2017 taasiserratti ture. Egaa akkamitti jaarmaa "hoogganu" tokko darbeeeyyu jaarmaa ofii "hundeesse" tokko waggaa sadii fi walakkaaf maqaa lagata jedhamee yaadama ree? Dhugaan jirtu, Jawar hundeessuun haa hafuuti, hoogganaa Queerroolle hin turre. Beekamtii ummata biratti horatee fi midiyaa ofii tohatutti akka fedhe ol ba'ee hoogganaa of fakkeessee guyyuu lallabuu isaa ummanni bal'aan akka hooggana Queerrootti akka isa fudhatu taasise.

Burjaajii kana hunda keessa garuu yeroo tokko waan addaa tu uumame. Jawar akka hoogganaa Queerroo hin ta'iin ummata biratti saaxilame. Dubbichisakkasi. Guyyaa tokko Queerroon lafarratti hoogganaa turan Jawariin dhoksanii fincila qindeessanii gaafa Roobii, Onkoloolessa 10, 2017tti fincila guutuu Oromiyaatti waaman. Waamichi fincila kun sab-quunnamtii hawaasaa irratti naannu'tti yammuu ka'u, warri yeroo hunda Jawar qofa dhaggeeffatan "fincilli maqaa Queerrootiin waamamaa jiru kun sirrii dha?" jedhanii gaafatan. Jawaris waan quba hin qabneef yoo inni hin beekne kan fiixa hin bane itti fakkaate "guyyaa jedhame kanatti fincilli Queerroon waame hin jiru" jedhee gadi-jabeesee dubbate. Itti fufees "Queerroon guutuu Oromiyaatti hiriirri yoom akka geggeeffamu sichi karoorsaa jirra" jedhe. Yammuu kun ta'uus "isinin beeksisa" jedhee waadaa seene. Warri isa jala yaa'anis fincilli maqaa Queerrootiin waamame sun "garee hin beekamneen" waan waamameef hin dogoggoriinaa jedhanii wal harkaa fuudhanii sab-quunnamtii hawaasummaa irratti waraabii suduudaa (live video) faa tiin gadi yaa'anii labsan.

Waan nama ajaayibu, akkuma labsametti Roobii, Onkoloolessa 10, 2017 Queerroon akka galaanaatti karaatti ba'ee alaabaa ABO qabachuun sirna abbaa irree Itoophiyaa [mormuu jalaqabe](#). Hiriirri mormii sun gara turban tokkoof Queerroo fi ummata bal'aatiin itti fufe. Haalli kunis Jawaaritti miira haaraya wayii uumee, warraaqsa akka galaanaatti ummanni guutuu Oromiyaatti ba'ee gara guyyoota torbaaf geggeesse san maxxansuurraa of qustate. Miidiyaan OMN'nis warraaqsa saniif uwvisa kennuu dide. Inumaahu, hiriira mormii san kan qindeesse TPLF akka tahee fi alaabaa ABO hedduummaan ummanni qabatee hiriira ba'ellee kan raabse humnoota tikaan mootummaa akka tahan Jawaar OMN tti ba'ee dubbate.



Hoogganoonni Qeerroo fi asxaan Qeerroo Bilisummaa Oromoo shurraaba (t-shirt) irratti manxanfamuun Oromiyaa Ambootti, Eebla 15, 2018 uffatameera.

Qorannoo qoor-qalbi (psychology) keessatti bal'inaan kan beekamu "dhiibbaan dhara-haqafakkaassaa" ("the illusory truth effect") kan jedhamu tu jira. Bu'aan qorannoo kanaa akka jedhutti, waanti dhara ta'e tokko, yoo yeroo hedduu irra deddeebiidhaan namatti himame namni dhaggeeffatu sun suuta suuta akkuma dhugaatti amane fudhachaa deema. Hawaasa akka keenyaa kana keessatti dhiibbaan miidiyaan qaqqabsiisuu danda'u akkuma salphaatti laalama. Namni beekamaan dhageettii guddaa qabuu fi miidiya jabaa of harkaa qabu tokko seenessa (narrative) sirrii hin taanellee yoo tahe akka barbaadetti tohachuu fi gara barbaadetti aqaaquu danda'a. Pirezidaantiin USA yeroo ammaa, Donald Trump, Pirezidaantiin duraanii Barack Obaman "Keeniyyaa keessatti dhalate" jedhee miidiyaarratti irratti ba'ee dubbate.

Dubbiin kun soba akka tahe ifa ta'ee utuu jiruu, midiyaalee addunyaarra jiran garaagaraa irratti mata-duree ol aanaa ta'ee baatilee sadiif ajandaa guddaa ta'ee afarfamaa ture. Ummanni Ameerikaa hedduunis akka waan dhugaa ta'eetti fudhate. Fallammiin dhimma kanarratti ka'e qabbanaa'u didee waan itti fufef dhimma kana ajandaasaa cufuuf jecha Obaman waraqaan ragaa dhaloota isaa agarsiisu Kuta biyya Hawaii, hospitaala itti dhalate keessaa baasee miidiyaadhaaf argisiisuu dirqame. Bulchaan Hawaii yeroo sanaas ragaa kana gadi ba'ee dhugoomse. Trump ammamtoo ragaan sun kan "sobaa" ti jechuun waan falmeef ammas falammiin sun ittuma fufe. Hanga as dhihoo kanaatti, jechuun baatii Fulbaanaa, bara 2016 gara duraatti, erguma Trump Obaman USA'tti dhalachuu ifatti amanee asittillee, namoota Ameerikaa filannoof seeraan galmahan keessaa persenta 62 qofaa tu Obaman akka Ameerikaatti

dhalate amanaa ture. Tarii milkaa'ina argate kanaan ija jabaatee ta'uu mala, Trump guyyuu waan kijibaa ykn dogoggorsaa tahe himaa oola: erguma prezidantii ta'ee asi 18,000 ol himeera, akka gabaasa '[Washington Post](#)'tti.

Kan nama gaddisiisu, Jawaar fi miidiyaan to'annoo isaa jala jiru OMN, dhimma maddaa fi bu'ura Qeerroo irratti seenessa (narrative) dhugaarraa fagaate afarsaa turan. Beektonni silaa qorannoo caalaatti walxaxaa ta'ellee qulqulleessu dandahanis kiyyoo Jawar faa qopheessaniif kana keessa seenan. Jawar yeroo hunda gaafa miidiyaatti ol ba'u waan Qeerroo hoogganu fakkeessee of dhiheessaa ture. Haa ta'u malee akka hoogganaa Qeerroo ta'ee hin beekiinii fi kanneen dhugaatti Qeerroo hoogganan Ifarra akka jiran, garuu akka isaa kan miidiya hin qabne ta'uu barreechee beeka. Kun sirri miti. Haqa hoogganoota Qeerroo warra dhugaa kan dabse dha. Maqaa fi faan-duubbee (legacy) Jawariifis miidhaa qaba.

Oromoонни hedduun haqa jiru kana gadi ba'anii himuuf mamii agarsiisaa turaniiru. Jawar hedduu beekamaa waan ta'eef hedduun yeroo baay'ee namni tokko yoo isa qeeqe kumaatamni isaa jala yaa'an itti duulu. Namoonni hedduun "abaarsa deggertoota Jawar" kana sodaaf cal'isuu filatan. Hedduun keenya ammoo, anallee dabalatee, kan cal'isuu filanneef ta'u-malaan dhugaarraa fagaate kun hanga gal mee seenaa bira qaqqabee seenaa keenya hin dabsiinitti miidhaa qaqqabsiisu hin qabu jennee abdannee ti. Kana malees dubbii kana afarsuun ummata keenya afaan wal-garagalchee tokkummaa Oromoo fi qabsoo Oromoo irratti miidhaa fiduu danda'a yaaddoo jedhu qabaannee ti. Cal'isuu keenya kun garuu, ta'u malaan kijibaa fi jette-jetteen kun akka malee faca'uun ittuma fufee barruulee fi gaazexoota addunyaarratti beekamoo ta'anirrattil ee maxxanfamee, ijuma keenya duratti seenaa saba keenya akka dabsu taasisuutti ka'e. Amma egaa yeroo seenaa dabe kana qajeelchinu tu ga'e. Seenaa qajeelaa yammuu himnus, shoora Jawar qabsoo Qeerroodhaan hoogganamu kana tarkaanfachiisuuf gumaacheefis gatii (bakka) isaaaf malu kennuudhaan taha.

Cuunfaa

Kaayyoon barreffama gabaabaa kanaa ta'u-malaan dogoggoraan kan Qeerroon "sochii akka-tasaa ti" (spontaneous) jedhu sirreesuu fi dudduubee hundeffama Qeerroo irratti dhugaa ture ibsuu dha. Dabalataanis, qoodni Jawaar warraaqsa Qeerroo keessatti qabus karaa sirrii fi madaala haqaatiin himamuu qaba. Sochii Qeerroo karaa sirnaan caaseffameen kan hoogganaa ture jaarmaa QBO haa ta'uyyu malee sochiileen taasifamaa turan kunneen utuu Jawarii fi OMN hin jirree akka kanatti ummata Oromoo fi hawaasa addunyaa biratti beekamuu hin danda'an ture. Jawar nama qabsoo karaa nagaatiif guddisee lallabee fi haala qabsoon nagaan itti deemu gaariitti qoratee beeke dha. Bara 2011, baruma jaarmaan QBO hundeffame sana, kitaaba beekamaa Gene Sharp kan "Abbaa irrummaa irraa gara Demokiraasi" ("[From Dictatorship to Democracy](#)" jedhu namoota biroo waliin gara Afaan Oromoottii [hiikeera](#)). Miidiya ofin hoogganuu fi miidiyaalee biro irratti "qajeelfama/gorsa tarsiimoo" jechuun nuffii tokko malee gahumsaan dubbatee dargaggoota Oromoo kakaasuun hamilee itti godhaa tureera.

Kanarraa kan ka'es, mootummaa olaantummaan TPLF keessatti dagaagee turee fi mootummaa amma Abiy Ahmad fi paartii PP dabalatee, namootaa fi qaamota faallaa Qabsoo Oromoo tahan hunda biratti akka diina innikkaatti adda durummaan xiyyeefannoo keessa gale. Miidiyaaleen mootummaa fi miidiyaalee tamsaasaa shariika mootummaa tahan kanneen garee finxaaleyii

Amaaraatiin hoogganaman hundi, Jawaariin “finxalessaa” fi “shororkeessaa” jechuun duula holola hadhaawaa irratti geggeessuutti jiru. Baatii Guraandhalaa, bara 2017, bakka inni hin jirretti mootummaan shororkeessummaatiin isa himatee kan ture yammuu ta’u, himatni sun garuu Caamsaa 2018, biyyatti deebi’uu Jawaar baatii muraasa dura, haqame ykn [irraa kaafame](#).

Erga biyyatti deebi’ee Jawaar deeggarsa guutuu sirna bulchiinsa Abiyyiif taasisaa ture. Irra deddeebiidhaanis “Oromo bilisoomee jira” jechaa ture. Qabsoo hidhannoos ifatti lallabee mormaa ture. [Af-gaaffii](#) (interview) yeroo tokko OMN irratti taasiseenis “Obboleessa kiyyallee yoo tahe, namni mootummaa kana humnaan kuffisuuf yaalu nama Oromiyaa fi Itoophiyaa diiguuf yaaludha....namni Abiyyiin humnaan aangoorraa buusuuf yaalu nama Oromoo kuffisuuf yaaludha. Waan kana taheef, namni akkanaa lolli isaa mootummaa waliin osoo hin taane ana waliini” jedhee ture.

Jawaar, garee hayyootaa kanneen akka WBOn hidhannoo hiikkatu gochuuf hoogganoota ABO irratti dhiibbaa cimaa uuman adda-durummaan hoogganuudhaan, miseensota Waraana Bilisummaa Oromoo (WBO) dhibbootaan lakkaawaman hidhannoo hiikkachiiseera. Egaa Abiy Ahmad, deggersa qusannoo tokkollee hin qabne Jawar kennaafii ture kunneen ganee, harka ciiniine, hidhaatti darbe. Jawar har'a, hoogganoota paartilee mormitootaa kanneen akka Dr. Shugux Galataa, Mikaa'eel Booran, Baqqalaa Garbaa, Kennasaa Ayyaanaa, Koloneel Gammachuu Ayyaanaa fi kanneen biroo hedduu waliin mana hidhaa keessatti daramaa jira. Sabboontonni Oromoo fi Qeerroon hundi, hanga gootonni hidhamtooni siyaasaa Oromoo kunneen haqa argatanii fi guutummaan Oromiyaa bilisoomtutti qabsoo jabeessanii itti fufuun dirqama dha.

Osoon barruu kana hin goolabiin dura haala yerroo ammaa Oromiyaan keessa jirtuu fi haala amma Qeerroon irra jiru waan xiqqoo jechuun barbaachisaa dha. Ajjeechaa Artisti Haacaaluu Hundeessaa (Waxabajji 29, 2020)tiin wal qabatee manca'iiinsa qabeenyaa fi ajjeechaa gaddisiisaa raawwatameef, gareelee fi miidiyaaleen nafxanyootaa hedduun yammuu isaan Qeerroo ittiin yakkan dhageenya. Abiy Ahmad ergaa aangoo qabatee asi hoogganoota Qeerroo hidhuudhaan akkasumas jaarmaa fakkeessituu “Qeerroo Haaromsaa” jedhamtu umee deggersa barbaachisu itti rrobsuudhaan kan jaarmaa QBO dhabamsiise itti fakkaatee ture. Haa ta'u malee ajjeechaa Haacaaluu booda fincilli QBO dhoose interneetaa, bilbilaa fi geejiba dabalatee sochii biyyatti keessatti godhamu hunda dhaamsuun isaa, jaarmaan QBO deebisee of ijaaree akkuma duraaniitti qindaawee qophii ta'u agarsiiseera. Battaluma ajjeechaan Haacaaluu dhagahametti Qeerroon dhaamsa waliif dabarsee halkanuma san guutuu Oromiyaatti fincila akka eegalu ajajni darbee fincillis guutuu biyyattiitti qabsiifame.

Haa tahu malee, yeroo sanitti magaalota Kibba, Kibba Bahaa fi Bahaa Oromiyaa keessatti barbadaa'iinsaa fi saaminsa qabeenyaa, akkasumas ajjeechaa raawwatameef kan mootummaa fi gareewan jibbiinsa Oromoo qaban akka waan Qeerroon gocha akkasii dalageetti maqa-balleessii fi himata dharaa irratti banan waan dhugaarraa fagaatedha. Qeerroon gochoota akkanaa keessatti hin hirmaatu. Qabsoo waggoota hedduuf taasisaa ture keessattis waan akkanaa takkaa hin raawananne. Qeerroon hundeffama isaa bara 2011 irraa jalqabees [naamusaa fi qajeelfama](#) qabsoo gochoota akkanaarraa isa daangessu hubatee ittiinis masakamaa ture. Naamusnii fi qajeelfamni kunis akka kanaa gadiitti [marsariittii Qeerroo](#) irra ammallee jira.

“Ilaalchi keenya, kanneen nu waliin wal quunnamaniif sochii goonu keessatti iftoominaa fi kabaja qabaachuudha.

- *Qeerroon yaadaanis tahe qaamaan namoota kamiyyuu irratti sarbamiinsa hin geggeessu.*
- *Qeerroon qabeenya ummataas hin mancaasu.*
- *Qabsoo hidhanno-maleessa waan geggeessuuf, Qeerroon meeshaa waraanaa hin qabatu. Dawaalee/qorichoota nama miidhanii fi alkooliiwanis hin fayyadamu.*
- *Qeerroon sochii hookkara irraa bilisa tahe, sochii diddaa hawaasaa karaa nagaa geggeessa; sochii farra abbaa irrummaa taasisnu keessatti gocha yakkaan nama gaafachiisu akka hin hojjetiin waan beeknuuf waan dalageef itti gaafatamummaa ni fudhata; daandii haqaarra waan jirruuf hidhamuu irraas hin dheessu.*

Naamusa jabaa sirna jaarmaa hodofee kanaan taliigamuu dha kan Qeerroo milkaa'inaan qaqqabsiise. Ajeechaa namoota meesha maleeyyi (civil) akkasumas barbadaa'u qabeenya gabaafamaa ture sun kan qaqqabe hooggansa jaarmaa Qeerroo jalatti utuu hin ta'iin garee namoota dhuunfaa ajjeechaa Artist Haacaaluu fi hidhamuu hoogganoota paartilee siyaasaa, keessattu kan Jawar Muhammaditti kanneen rifatan haala hin gurmoofneen raawwatan akka ta'e mamiin tokkollee hin jiru. Kanaafuu miidiyaalee fi gareewan alagaatiin himannaalee kijibaa fi maqa-balleessii Qeerroo irratti adeemsisaa jiran tarrii waa'ee jaarmaa kanaa sirnaan beekuu dhabuurra kan maddu dha.

Yaada gulaalaa: Barreeffamni gabaabaa kun, ajjeefamuu Haacaaluu Hundeessaa fi hidhamuu Jawaar faa dura kan qophaawee dha; (ajjeechaan Artsisti Haacaaluu fi taateen achiin booda turan qophaatti barreeffamuun kan itti ida'ame dha).

Suuraa Jalqabarra jiru: Barattoota Oromoo Yuunivarsiitii Jimmaa yommuu nyaata lagatan, Mudde 11, 2015 kan Qeerroo Bilisummaa Oromootiin qindaawedha. Kunis barattootni hundi yeroo wal fakkaataatti nyaata fudhatan minjaalarra kaayanii harka qixa kallacha isaaniirratti wal qaxxaamursuun mallattoo diddaa sirna abbaa irree agarsiisanii mana-nyaataa sanas gad dhiisanii yommuu ba'an agarsiisa. Gochi akkanaa haala wal fakkaataa taheen Yuunivarsiitiilee hedduu keessatti raawwatamaa ture.

Maddi suuraa: Geessee Bilisummaa ti.

Gulaalaan: barreeffama duraa (kan Afaan Ingilizii tiin barreeffame)- William Davison, Ethiopia Insight.

Afaan Oromootti kan hiike: Odaa B. (SQ)

Hubachiisa Barreessicharraa: Hangan barruu kana mana maxxansaa geessutti waa'ee suuraa jalqabaa sana odeeffannoona qabaachaa ture "Yuunivarsiitii Jimmaa ti" kan jedhu ture. Boodarra garuu, lakkii "Yuunivarsiitii Haromayaas ti" kan jedhus dhaga'eera. Waan hundaafuu, Jimmas ta'u, Haromayaas ta'u, qabxiin guddaan taateewan akkanaa bakka hunda kan ture ta'u dha.